# ERGAA PHAAWULOOS
# GARA WARRA FILIPHISIYUUSITTI ERGE

1 Tajaajiltoota[a] Kiristoos Ye-
suus, Phaawuloosii fi Xi-
mootewoos irraa
Jaarsota waldaa Kiristaanaatii
fi daaqonoota waliin gara warra
karaa Kiristoos Yesuusiitiin qulqul-
loota ta'anii Filiphiisiyuus keessa
jiraatan hundumaatti;
2 Waaqayyo Abbaa keennaafi
Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa
ayyaannii fi nageenni isiniif haa
ta'u.

### Galataa Fi Kadhannaa

3 Ani yeroo isin yaadadhu[b] mara
Waaqa kiyya nan galateeffadha.
4 Ani kadhannaa cufa keessaniif
kadhadhu keessatti yeroo cufa
gammachuun nan kadhadha.
5 Sababiin isaa isin guyyaa jalqa-
baatii kaaftanii hanga ammaatti
tajaajila wangeelaa keessatti
hirmaattaniirtuutii. 6 Inni hujii
dansaa isin keessatti jalqabe sun
hanga guyyaa Kiristoos Ye-
suusiitti akka xummuru[c] nan
amana.
7 Waan isin garaa kiyya keessa
jirtaniif ani waayee hunda kees-
sanii akkanatti yaaduun kiyya
anaaf sirrii[d] dha; hidhamuu ki-
yya keessattis ta'u yookaan wan-
geelaaf falmuu kiyyaa fi akka
wangeelli cimee dhaabatu gochuu
kiyya keessatti hundi keessan na
waliin ayyaana Waaqaa isa naaf
kenname keessatti hirmaatuutii.
8 Akka Ani jaalala Kiristoos Ye-
suusiitiin hagam hunda keessan
yaadu Waaqni ni beeka.
9 Kadhannaan kiyyas akka
jaalalli keessan beekumsaa fi
hubannaa maraan ittuma ida'ee
baay'atuu dha; 10 Kunis akka isin
isa waan hundumaa caalu ad-
daan baaftanii beekuu dandeet-
tanii fi akka isin hanga guyyaa
Kiristoosiittis qulqullootaa fi warra
hirdhinna hin qabne taataniif,
11 Ulfinnaa fi galata Waaqay-
yootiifis akka firii[e] qajeelinnaa
kan karaa Yesuus Kiristoosiitiin
argamuun guutamtaniifi.

### Hidhamuu Phaawuloosiitiin Wangeelli Babaldhachuu Isaa

12 Yaa obboleeyyan, akka wanti
narra gaye sun wangeela ba-
baldhisuuf dhugumaan tajaajile
akka beettan nan barbaada.
13 Kanaanis Kiristoosiif jedhee
hidhamuun kiyya waardiyaa[f] mana
mootummaatii fi namoota kaan
mara biratti beekameera. 14 Sa-
babii ani hidhameefis obboleeyyan
keessaa garri caalaan Gooftaatti

[a]1 ykn *hojjattoota;* [b]3 ykn *qaabadhu;* [c]6 ykn *fixu;* [d]7 ykn *qajeela'a;* [e]11 ykn *midhaani;* [f]13 ykn *eedduu*

amananii[g], dubbii Waaqayyoo
sodaa malee dubbachuuf ija[h]
jabeenna guddaa argataniiru.

15 Namoonni tokko tokko dhu-
gumaan hinaaffaa fi morkiidhaan
Kiristoos lallabu; warri kaan
garuu yaada gaariin lallabu.
16 Warri yaada gaariin lallaban
kunneen, akka ani wangeelaaf
falmuuf jedhee asi kaayame
beekanii jaalalaan lallabu.
17 Warri hinaaffaa fi morkiin lal-
laban ammoo otoo garaa qulqul-
luun hin ta'in, mana hidhaa kees-
satti rakkinna natti cimsuuf
jedhanii fedhii ufittummaatiin
Kiristoos lallabu. 18 Yoos wanni kun
maal balleessa ree? Wanni bar-
baachisaan fakkeessuunis ta'u
yookiin dhugaan karaa kamiy-
yuu Kiristoos lallabamuu isaa ti.
Sababii kanaaf ani akka malee
gammada.

Eeyee ammas ittuma fufee nan
gammada. 19 Akka wanni narra
gaye kunis karaa kadhannaa
keessaniitii fi karaa gargaarsa
hafuura Yesuus Kiristoosiitiin
gara hiikamuutti naa jijjiiramu
nan beekaatii. 20 Ani akkuma yeroo
kaanii ammas jireenyaanis ta'u
yookaan du'aan ija jabeennaan
dubbachuun kiyya akka Kiristoos
foon kiyya keessatti ulfinna ar-
gatuuf malee karaa kamiiniyyuu
akka hin qaanofneef baay'isee
nan hawwa; nan abdadhas. 21 Anaaf
jireenna jechuun Kiristoosi;
du'uunis bu'aa qaba. 22 Ani yoo
ittuma fufee fooniin jiraadhes kun
anaaf hujii bu'a-qabeessa; garuu
isa kam akka filadhu hin beeku.
23 Ani yaada kana lamaan kees-
saas kan hordofu wallaalee[h]
dhiphachaa[i] jira; asii deemee
Kiristoos waliin jiraachuu nan
hawwa; kun waan mara caalaatii.
24 Isiniif garuu fooniin turuuni
kiyya guddaa barbaachisaa dha.
25 Anis kana hubadhee akka isin
amantiin guddattanii fi akka isin
gammaddaniif cufa keessan bira
akkan turu, isin wajjiinis akka
jiraadhu beeka. 26 Kunis ani dee-
bi'ee isin bira dhufuu kiyyaan
akka gammachuun isin qabdan
karaa Kiristoos Yesuusiitiin is-
inii baay'atuufi.

27 Isin garuu akka wangeela
Kiristoosiitiif ta'utti jiraadhaa;
yoos ani isin arguunis ta'u yoo-
kaan fagoo taa'ee waayee kees-
san dhagawuu qofaan, akka isin
amantii wangeelaatiif jettanii
akkuma nama tokkootti dorgo-
muun hafuura tokkoon jabaat-
tanii dhaabattan nan beeka. 28 Isin
waanuma tokkoonillee diinota[i]
keessaniin hin raafaminaa; kun
isaaniif milikkita[j] badiisaa ti;
isiniif immoo milikkita fayyin-
naa ti; kunis hujii Waaqayyoo ti.
29 Isin akka kiristoositti amantan
qofaaf otoo hinta'in akka isaaf

[g]14 ykn *dhugeeffatanii;* [h]14 ykn *adda;* [i]28 ykn *nyaaphota;* [j]28 ykn *milikkeeta/malkata*

jettanii dhiphattaniifis carraan[k]
isinii kennameeraatii. [30]Kunis
waldhaansoo ani keessa ture isa
argitan sanaa fi isa ani ammay-
yuu keessa jiru kan dhageettan
kana keessa dabruutti waan jir-
taniifii dha.

**Fakkeenna Gadi Uf-qabuu Kiristoosii Hordofuu**

2 Kanaaf isin tokkummaa
Kiristoos waliin qabdaniin
wal-gorsuu, jaalala isaatiinis
wal-jajjabeessuu, hafuura wali-
inis tokkummaa qabaachuu, walii
nawuu fi garaa walii laafuu
kamiyyuu yoo qabaattan, [2]Yoos
yaadaan tokko ta'uun, jaalala
tokko qabaachuun hafuuraa fi
akeekaan tokko ta'uun gamma-
chuu kiyya fiixaan naa baasaa[l].
[3]Isin gadi uf qabuun akka waan
warri kaan isin caalaniitti lak-
kaawaa[m] malee fedhii ufittum-
maatiin yookaan uf-tuulummaatiin
waanuma tokkollee hin hojjati-
naa. [4]Hundi keessan fedhii warra
kaaniis ilaalaa malee fedhii mataa
keessanii qofa hin ilaalinaa.
[5]Yaanni keessanis akkuma yaada
Kiristoos Yesuusii ta'uu qaba.

[6]Inni otuma bifa Waaqayyootiin
jiruu,wal-qixxummaa Waaqa
wajjiin qabu
akka waan itti cichanii
qabataniitti hin lak-
koofne.
[7]Inni garuu nama fakkaatee
dhalachuudhaan,
bifa garbaas uffachuudhaan,
waan hin fayyanne uf godhe.
[8]Bifa namaa uffatee argamuunis,
gadi uf deebise;
du'aafillee jechuunis du'a
fannoo irraatiifillee ni
ajajame!
[9]Kanaaf Waaqayyo gara bak-
ka[n] bakka cufaa ol -ta'eetti
isa guddisee,
maqaa maqaa cufaa ol- ta'es
isaaf kenne.
[10]Kunis jilbii martinuu, samii fi
lafa irratti, lafa jalattis,
akka maqaa Yesuusiitiif jil-
biinfatuufi.
[11]Arrabni hundinuus ulfinna
Waaqayyo Abbaatiif jed-
hee
Yesuus Kiristoos Gooftaa ta'uu
isaa akka dhugaa bawuufi[o].

**Akka Urjiitti Ibsuuf**

[12]Kanaaf yaa michoota[p] kiyya
jaalatamoo, akkuma yeroo mara
ajajamtan sana, yeroo ani isin
bira jiru qofa otoo hin ta'in yeroo
ani isin bira hin jirre caalaatti
amma sodaa fi hollannaan fayy-
inna keessan itti fufatii hojjadhaa.
[13]Akkuma kaayyoo isaa gaarii
sanaatti fedhuu fi hojjachuu isin
keessatti kan hojjatu Waaqaa tii.

[k]29 ykn *qoommiini;* [l]2 ykn *fulaani naa ga'aa;* [m]3 ykn *herregaa;* [n]9 ykn *fulaa;* [o]11 ykn *rageessuuf/dhugeessuuf;* [p]12 ykn *jaallan/hiriyyoota*

[14]Waan cufa gungummii yookaan mormii malee hojjadhaa. [15]Kunis akka isin dhaloota micciiramaa fi jallaa kana keessatti akka urjii samii ibsitaniif, akka warra hirdhinna hin qabnee fi kanneen qulqullaa'an, ijoollee Waaqayyoo warra yakka hin qabnes taataniifi. [16]Ani akkasumaan akka hin fiigin yookiin akkasumaan akka hin dadhabin, wanni ani guyyaa Kiristoosiitti ittiin boonuu danda'u dubbii jireenyaa jabeessitanii qabachuu keessaniin. [17]Ani otoo aarsaa[q] qalmaatii fi tajaajila[r] amantii[s] keessan irratti ida'amee akka dhibaayuutti dhangalaafamellee nan gammada; hunda keessan waliinis nan gammada. [18]Isinis akkasuma na wajjiin gammaduufi ililchuu qabdu.

#### Ximootewoosii fi Ephaafrodixoos

[19]Ani oduu waayee keessanii dhagayee gammaduuf, akka ani dafee Ximootewoosin gara keessanitti erguuf danda'uuf Gooftaa Yesuus nan abdadha. [20]Ani nama akka isaa kan waayee jireenna keessanii garaa qulqulluun yaadu tokkollee hin qabu. [21]Sababiin isaas warri kaan marti otoo fedhii Yesuus Kiristoosiitiif hin ta'in fedhii mataa isaaniitiif yaaduutii. [22]Ximootewoos garuu akkuma ilma abbaa isaa waliin tajaajiluutti waan hujii wangeelaa keessatti na waliin tajaajileef, akka inni eennummaa isaa mirkaneesse isinuu beettu. [23]Kanaaf ani akkuma dubbiin kiyya maal akka ta'u hubadheen isa erguuf abdii qaba. [24]Ani mataan kiyyayyuu dafee dhufuuf Gooftaa nan abdadha.

[25]Ani garuu obboleessa kiyya isa na wajjiin hojjatee na wajjiin lolu Ephaafrodixoosin ergamaa keessan kan isin akka inni waan na barbaachisu naa godhuuf jettanii ergitan sana deebisee gara keessan erguun barbaachisaa natti fakkaata. [26]Inni akka malee cufa keessan yaadaatii; waan isin akka inni dhukkubsatee[t] ture dhageettaniifis cinqamaa jira. [27]Inni dhugumaan akka-malee dhukkubsatee afaan boollaatii deebi'e; Waaqayyo garuu isa maareera; otoo isa qofa hin ta'in akka gaddi[u] gadda irratti natti hin ida'amne anas baraareera[v]. [28]Kanaaf isin akka yommuu lammata isa argitanitti gammaddanii fi akka yaaddoon kiyyas naa salphatuuf jedhee gara keessanitti isa erguu akka malee nan barbaada. [29]Isinis maqaa Gooftaatiin gammachuu guddaan isa simadhaa; namoota akkasiis kabajaa[w]. [30]Inni gargaarsa isin naa gochuu

[q]17 ykn *sooriyoo;* [r]17 ykn *hujii;* [s]17 ykn *dhugeeffachaa;* [t]26 ykn *fayyaa dhabee;* [u]27 ykn *laalaltii;* [v]27 ykn *ya soka'e;* [w]29 ykn *ulfeessaa*

hin danda'in naa gochuuf, jireenna isaallee dabarsee kennuun, hujii Kiristoosiitiif jedhee du'uyyuu gayee tureetii.

**Fooniin Uf-jajuun Faayidaa hin qabu**

3 Dhumarrattis yaa obboleeyyan kiyya, Gooftaatti gammadaa! ani isuma kanaan duraa deebisee isinii barreessuun kiyya rakkinna natti hin fidu; isiniif garuu faayidaa qaba.
[2]Saroota irraa uf-eegadhaa; namoota hammeenna hojjatan irraa uf-eegadhaa; warra foon nama irraa muran sana irraas uf eegadhaa. [3]Sababiin isaa nu warri hafuura Waaqayyootiin waaqeffannu, warri Kiristoosiin uf jajnuu fi warri foon hin abdanne dhagna qabaa[x] dhugaa arganneerraatii. [4]Ta'us ani mataan kiyya fooniin uf-jajuuf sababii qaba.

Namni kamiyyuu yoo fooniin uf jajuuf waan sababii qabu uf se'e ani immoo isa caalaa qaba. [5]Ani dhaladhee guyyaa saddeettaffaattin gadoome; sanyii Israa'elii keessaas gosa Biiniyaamii irraa dhaladhe; saba Ibrootaa keessaas ani Ibricha makaa hin qabnee dha; karaa seera ilaaluunis ani garee Farisotaa ture. [6]Hinaaffaadhaanis ani waldaa kiristaanaa gaargalchaa[y] ture; karaa qajeelummaa seera eeguuni argamuunis ani hirdhinna tokkollee hin qabu ture.
[7]Amma garuu waan na fayyadaa ture kamiyyuu Kiristoosiif jedhee akka waan gatameetti nan ilaala. [8]Dhugumaanuu sababii Gooftaa kiyya Kiristoos Yesuus isa waan hundumaa caalu sana beekuutiif ani waan hundumaa akka waan gatameetti nan ilaala; Ani isaaf jedhee waan hundumaa dhabeera; Kiristoosin argachuufis waan hundumaa akka kosiitti nan lakkaa'a[z]. [9]Kunis qajeelinna mataa kiyyaa kan seera eeguun argamu otoo hin ta'in qajeelinna Kiristoositti amanuun[a] argamu jechuunis akka ani qajeelinna amantiin Waaqa irraa dhufu qabaachuun isa keessa jiraadhuufi. [10]Kunis akka ani Kiristoosiifi humna du'aa ka'iisa isaa beekuufi; du'a isaatiinis isa fakkaachuun akka dhiphinna isaa keessatti hirmaadhuufi. [11]Kanaanis yoo danda'ame akka ani du'aa ka'iisa warra du'aa ka'anii kessatti hirmaadhuufi.

**Bakka Yaadame Gawuuf figuu**

[12]Kiristoos Yesuus waan kan ufii isaa na godhateef anis waan kana kan mataa kiyyaa godhachuuf nan fiiga jechuu dha malee waan kana cufa argadheera yookiin nama hirdhinna hin qabne

[x]3 ykn *gadoomuu/qabaanqabaa;* [y]6 ykn *ariyachaa/baqachiisaa;* [z]8 ykn *inherrega;* [a]9 ykn *dhugeeffachuun*

ta'eera jechuu miti. 13Yaa obbo-
leeyyani, kanas ani akka waan
bira gayeetti hin lakkaa'u; waan
tokko garuu nan yaala; waan na
duuba jiru irraanfadhee[b] waan
fuula kiyya dura jiru bira gawuuf
nan tattaafadha. 14Badhaasa
Waaqni karaa Kiristoos Ye-
suusiitiin itti ol-na waame sana
argachuuf gara kaayyoo sanaatti
nan fiiga.

15Nu warri bilchaatoon martinuu
yaaduma akkanaa qabaachuu qabna;
yoo waan tokko tokko irratti
yaada gara garaa qabaattan ga-
ruu kanas Waaqayyo isinii ibsa.
16Ta'us seeruma kanaan dura itti
jiraachaa turre sanaan jabaannee
haa jiraannu.

17Yaa obboleeyyani, fakkeenna
kiyya hordofuudhaan warra kaaniin
tokko ta'aa; warra fakkeenna nu
isinii kennineen jiraatanis akeek-
kadhaa. 18Akkuma ani yeroo hed-
duu isinitti himaa turee fi ak-
kuma ani ammas irra dedeebi'ee
imimmaaniin isinitti himaa jiru,
namonni baay'een diinota[c] fan-
noo Kiristoos ta'anii jiraatuutii.
19Dhumni isaanii badiisa; Waaqni
isaanii garaa saanii ti; ulfinni
isaanii salphinna isaaniiti. yaanni
isaaniis waanuma addunyaa kana
irratti kan hundeeffamee dha.
20Nu garuu biyyi keenna samii
irra. Fayyisaan keenna Yesuus
Kiristoos Gooftaan achii dhufa
jennee hawwii guddaan eeganna.
21Innis humna akka inni waan
mara uf jala galfatu isa dande-
essisu sanaan akka nafti keenya
inni dadhabaan nafa isaa ulfinna
qabeessa sana fakkaatuuf jedhee
nafa keenya jijjiira.

4 Kanaaf yaa obboleeyyan
kiyya, isin warri ani jaalad-
huu fi warri ani yaadu, warri
gammachuu kiyyaa fi gonfoo[d]
kiyyas taatan, yaa machoota[e]
kiyya akkanatti Gooftaatti jabaad-
haa dhaabadhaa!

### Gorsa

2Ani akka Ewudiyaa fi Sinxiikeen
maqaa Gooftaatiin walii galaniif
lamaan isaaniiyyuu nan gorsa.
3Atis yaa hiriyyaa kiyya aman-
amaa, dubartoonni[f] kunneen
Qalamenxoosii fi warra naa
waliin hojjatan kanneen maqaan
isaanii kitaaba jireenyaa kees-
satti barreeffame waliin waan
hujii wangeelaa keessatti na
waliin dadhabaniif akka ati isaan
gargaartuuf sin kadhadha.
4Isin yeroo cufa Gooftaatti
gammadaa; ammas ani irra dee-
bi'ee nan jedhaa, gammadaa!
5Gaarummaan keessan nama
hundumaa biratti haa beekamuu;
Gooftaan dhiyoo jira. 6Waan
hundumaa keessatti waaqa kad
hachuu fi waammataan, galata

[b]13 ykn *dedhee;* [c]18 ykn *nyaaphota;*
[d]1 ykn *ruufa*; [e]1 ykn jaallan/*hiriyyoota;*
[f]3 ykn *nadheeni*

wajjiinis kadhannaa keessan
Waaqatti dhiyeeffadhaa malee
waan tokkollee hin yaaddayinaa.
**7**Nageenni Waaqaa kan huban-
naa maraa ol ta'e sun karaa
Kiristoos Yesuusiitiin qalbii fi
yaada keessan ni eega.
**8**Dhumarrattis yaa obboleey-
yan, wanni dhugaa ta'e kamiy-
yuu, wanni ulfinna-qabeessa ta'e
kamiyyuu, wanni qajeelaa ta'e
kamiyyuu, wanni qulqulluu ta'e
kamiyyuu, wanni jaalatamaa ta'e
kamiyyuu, wanni gurra namaatti
tolu kamiyyuu, wanni gaarii ta'e
yookaan galateeffamaa ta'e
kamiyyuu yoo jiraate isin waan
akkanaa yaadaa. **9**Waan isin nar-
raa barattan yookaan narraa ar-
gattan yookaan narraa dhageet-
tan yookaan narratti argitan cufa
isinis akkasuma godhaa; Waaqni
nagayaa isin waliin ni ta'a.

### Kennaa Isaaniitiif Isaan Gala-teeffachuu

**10**Sababii isin dhuma irratti
deebitanii naa yaaduu jalqab-
daniif ani Gooftaatti baay'ee nan
gammada; dhugumaanuu carraa[g]
ittiin agarsiiftan dhabdaniiti
malee isin durumaanuu naa
yaadaa turtan. **11**Akkana jechuun
kiyyas waan rakkadheef otoo
hin ta'in haala kamiyyuu kees-
satti na ga'a jechuu waan barad-
heefi. **12**Rakkachuun maal akka ta'e,
baay'ee qabaachuunis maal akka
ta'e nan beeka; haala cufa kees-
sattis icciitii[h] quufuutii fi bee-
lawuu, baay'ee qabaachuutii fi
dhabuu baradheera. **13**Ani karaa
humna Kiristoos naa kennu
sanaatiin waan mara gochuu nan
danda'a.
**14**Haa ta'uu malee rakkinna
kiyya keessatti hirmaachuun kees-
san waan dansaa gochuu keessan
ture. **15**Kana malees isin warri
Filiphiisiyuusii akkuma beettan,
jalqabatti yeroo ani wangeela
isinitti lallabetti, yeroo ani
Maqedooniyaa ka'etti isin qofa
malee waldaan kiristaanaa
kamiyyuu tajaajila[i] kennuu fi
fudhachuu keessatti na waliin
hin hirmaanne. **16**Yeroo ani Ta-
saloonqee turettillee yommuu
rakkadhetti isin ammumaa amma
gargaarsa naa ergaa turtaniitii.
**17**Kunis akka eebbii baay'atee
isinii kuufamuuf malee ani ken-
naa keessan barbaadeetii miti.
**18**Ani waan cufa guutumaatti
argadheera; hanga na barbaachi-
suu olittis argadheera; kennaa isin
ergitanis Ephaafroodixoos harkaa
fudhadhee hanga na gawu argad-
hee dharraa bayeera; kennaan
kunis keennaa urgaawaa, aarsaa[j]
fudhatamaa fi kan Waaqatti toluu
dha. **19**Waaqni kiyyas akkuma
badhaadhummaa isaa ulfinna-
qabeessa sanaatti waan isin

[g]10 ykn *qoommii;* [h]12 ykn *dhossaa;*
[i]15 ykn *hujii;* [j]18 ykn *sooriyoo*

barbaachisu hunda karaa Kiristoos Yesuusiitiin isinii guuta.
[20]Abbaa keenna Waaqayyoof bara-baraan ulfinni haa ta'u; Aamiin.

**Dhaamsa Nagayaa Kan Dhumaa**

[21]Maqaa Kiristoos Yesuusiitiin qulqulloota maratti nagaya naa himaa; obboleeyyan na waliin jiranis nagaya isinii dhaamu.
[22]Qulqulloonni cuftinuu, keessumattuu warri mana Qeesaarii jiraatan nagaya isinii dhaamu
[23]Ayyaanni gooftaa keenya Yesuus Kiristoosi hafuura keessan waliin haa ta'u; aamiin.